# Maatii ykn hiriyaaf kunuunsaa fi gargaarsa godhtaa?

## Carer Gateway siif

Carer Gateway

An Australian Government Initiative



Maatii ykn hiriyyaa dhibama qaamaa, dhukkuba, dhibee sammuu, ykn dulluma irraa kan ka'e of hin dandeenyeef kunuunsaa fi deggersa godhataa?

Tajaajilli si gargaaru yoo jiraate nama kunuunsa kennituuf jabaattee itti fufuuf si gargaaraa?

**Gaaffilee kana keessaa tokkoo isaa eyyee jedhtee deebiste yoo tahe Carer Gateway si gargaaruu danda'a.**

## Carer Gateway maali, eenyuuf?

Carer Gateway namoota maatii ykn hiriyaa isaaniitiif kunuunsaa fi gargaarsa kennan tajaajila gargaarsa fi odeeffannoo tola kennaaf. Kunis sababni isaa waan isaan dhibama qaamaa, haala dhukkubaa, dhibee sammuu ykn dulluma irraa kan of hin dandeenyeef.

Maallaqa mootummaa irraa argattes ykn argataa kan hin jirre yoo tahes homaa miti, Carer Gateway argatuu dandeessa. Waan hundaan olitti ammoo, haalli kunuunsaa gara gara.

Kunuunsotni takka takka guyyaatti sa'aa 24 guutuu kunuunsa kennaniifii, jireenya isaanii guyyuu gargaaru, kaan ammo waan guyya guyyaatti barbaachisu sa'aa xiqqoodhaaf gargaaru.

## Tajaajilli kun akkamiin kennama?

Jaarmolee gara garaa guutummaa Australia keessatti hawaasa naannoo keessatti tajaajila Carer Gateway ni kennan.

Tajaajilli fuulaa-fi-fuulaan, sararaa interneetaa fi kara bilbilaa kennama.

## Tajaajila akkamiin argadha?

Lakoysa bilbilaa 1800 422 737 irratti bilbiltee, Wixata hanga Jimaataa, sa'aa 8gn (8am) fi sa'aa 5gl (5pm) gidduu Carer Gateway naannoo keetii tajaajila kennaa jiranitti dubbatuu dandeessa. Isaanis waa'ee haala kee fi akka itti tajaajilaa si barbaachisu argattu sitti dubbatu.

Tajaajila toora interneetaa irraa fi odeeffannoo dabalata mar-sariitee Carer Gateway: carergateway.gov.au jedhu irraa ni argatta.

## Tajaajila akkamiitu kennama?

### Leenjii (Coaching)

Muddama qalbii of irraa hir'isuu fi nageenya kee fooyyessachuuf mala haaraa bari.

- **Leenjii of-qajeelchuu (Self-guided coaching)** – Yeroo mataa keetiitti barmoota isaa sararaa interneetaa irraan fudhatta.
- **Leenjii fuulaa-fi-fuulaa (In-person coaching)** – naannoo keetti nama si leenjisu waliin tokkoo- fi-tokkoon (one-on-one) wal agarta.

### Gorsa qalbii (Counselling)

Yoo muddamni qalbii sitti dhagahame, gaddite ykn aarte gorsitootni qalbii haala kee si waliin dubbatanii si gargaaruu danda'u.

- **Fuulaa-fi-fuulaa (In-person)** – naannoo keetti gorsitoota qalbii (counsellor) waliin tokkoo- fi-tokkoon ykn gartuudhaan waliin dubbadhaa.
- **Gorsa qalbii kara bilbilaa (Phone counselling)** – Gorsituu qalbiitti bilbila irraan itti dubbadhu.

### Boqonnaa Afachisa hatattamaa (Emergency respite)

Yoo si dhukkube ykn miidhaan hin eegamin si mudatee fi nama kunuunsitu gargaaruu itti fufuu hin dandeenye, tajaajilli boqonnaa afachisa hatattamaa (emergency respite servies) hanga ati fooyyoftutti kan si gargaaruu danda'an ni jiran. Furii hatattamaa argatuuf yeroo kam illee 1800 422 737 bilbili.

### Kunonsota kaan kan haala wal fakkaatu keessa jiran waliin wal qunnamuu

Namoota haala si fakaatan keessa jiran kan kunuunsa maatii ykn hiriyaaf kennaa jiran waliin wal qunnami. Odeessa, beekumsaa fi muuxannoo qabdan waliif hiraa wal gargaaraa.

- **Fuulaa-fi-fuulaan** – namoota naannoo keetii maatii ykn hiriyoota kunuunsan akka gartuutti wal argaa.
- **Hawaasa sararaa irraan (Online community)** – Namoota kaan kan maatii ykn hiriyaaf kunuunsa kennaa jiran akka gartuutti wal argaa waliin dubbadhaa.

*'Hamma yaadduun ol ati jabina qabda. Eeggannoo ofiif kenni, abdii of irratti qabaadu.'*

Pam, mucaa ishii kunuunsiti.



### Barmoota oguummaa sararaa irraan (Online skills courses)

Ogummaa haaraya kan nama kunuunsitu gargaaruu fi mataa kees gargaaru baradhu. Kara haaraya akka itti muddama qaamaa fi dhimmoota seeraa, fayyaa fi nageenya kee wayyeessattu barbaadi. Barmootni hundi mata-duree irraa dubbatan adda addaa ni qaban, yeroo siif mijjatettis sararaa interneetaa irraan xumuruu dandeessa.

### Qindeessama gargaarsa waliigalaa (Tailored support package)

Gahee kunuunsa kee keessatti si gargaaruuf gargaarsa fi tajaajilli qindeessamee jira.

Tarii tola argatuu dandeessa yoo:

- tajaajila ykn meeshaan akka ati barmoota itti fuftu si gargaaru – fakkeenyaaf, waan irraa barattu, barmootaaf akka dabalaatti waan si barbaachisu ykn leenjii barmootaa siif kennamuu qabu
- Yeroo ati ati boqonnaa fudhattutti kan tajaajilli bakka si bu'ee maatii ykn hiriyaa kunuunsaa jirtu si gargaaru furii barbaachisu karoorsuuf
- tajaajila nyaata tolchuu fi qulqullinaa
- gabaa irraa waa bituu
- Geejjiba, kan akka baallama mana wallaansaa ykn bakka gabaa deemuu si gargaaruu.

## Carer Gateway akkamiin ani qunnama?

Carer Gateway **1800 422 737** irratti Wixata hanga Jimaataa sa'aa 8gn (8am) fi 5gl (5pm) gidduu itti bilbiltee gargaarsa fi tajaajila siif jiru waliin dubbatuu dandeessa. Furiin yeroo sardamaa (emergency respite) guyyaatti sa'aa 24, torbanitti guyyoota torba lakoysa bilbilaa ol jiru bilbiluudhaan argatuun ni danda'ama.

Afaan keetiin odeeffannoo yoo barbaadde Tajaajila Afaan Hiikkaa fi Jijjiirraa (Translating and Interpreting Service) 131 450 irratti bilbili.

Yoo gurri si hin dhageenye, ykn dhagahuu ykn dubbatuu rakkoo qabda tahe Tajaajila Irkata Biyyaalessaa (National Relay Service) 133 677 irratti bilbili.

Tajaajilli sararaa irraan fi odeeffannoon kara mar-sariitee Carer Gateway: **carergateway.gov.au** jedhu ni jira.